



FACT SHEET

15TH AVE S AND S COLUMBIAN WAY INTERSECTION IMPROVEMENTS

March 2017

KA'UMSA PIROJAKTII

Seattle Department of Transportation (Kutaan Geejibaa Siyaatiil) (SDOT) karaa qaxaamura 15th Ave S fi S Colombian itti fooyya'insawwan taasisuudhaan nagummaa namoota nannawa qaxaamura Randa Beacon miilaan deeman fi bishikilitii ofanii foyyeessuuf. Wayita ammaattis, namonin miilaan adeemaniif kanneen bishikilitii ofan, barattoota Mana barnootaa Jiddu-gala Markeer dabalatee, qarqara daandii tokko qarqara biraa gahuudhaaf kan bitaa itti galuufi daandichas yeroo sadii qaxamuruun kan qabaatu. Bakki qaxaamuraa namoota konkolaachisanitti iyyuu bitaa itti galu danda'a.

Bara 2016tti, pirojaktiin fooyya'insawwan karaa qaxaamura karaa qaxaamura 15th Ave S fi S Colombian kunis kanneen Koree To'attuu Kanfaltii socho'u Siyaatil (Levy to Move Seattle Oversight) tiin akka karaa Sagantaa Fandii Ollaa SDOT (NSF) tiin akka deegaramaniif filafaman 12 keessaa tokkoodha.

WANTOOTA PIROJAKTIICHA

- Bufatwwan to'annoo harawaa
- Bakka ce'umsaa fi mallattoo ittiin walargan
- 15th Ave S fi S Oregon St irratti to'annowwan duuba deebiiratti; keessaa fi ala S Oregon St hanga 15th Ave S tti konkolaachiftoonni duuba deebii'u kan danda'an karaa mirgaatti qofaadha.
- Kaabalixa fi Kibbalixa qaqarawwan bakka qaxaamurawwan irra deebiin qophaa'aniitti bakki haraan ummataa jira.
- Gara Kaabaa, Lixaa fi Kibbaatti tajaajilawwan bishikilitiif wal qunnamsisitonni fooyyessuu.


BU'AALEE PIROJAKTII

- Bakka qaxaamuraa rratti barattootaa fi namoota miilaan deemaniif bishikilitii ofaniif nageenya dabaluu.
- Konkolaachiftootaaf burjaaja'u bakka qaxaamuraa hir'isuu.
- Bakka dhaabbii itti imallii geedaramu fooyyessuu.
- Hawasni akka itti gammaduuf bakka ummataa haarawaa.



Bakki xiqqoon namoota miilaan deemanii 'Odola' taa'umsaa jidduu keessa karaa qaxaamura 15th Ave S fi Kibba Kolombiyaanitti, dhiheenya konkolaatoota ariifachisaatti argama.

BAKKA ITTI ARGAMA PIROJAKTII



PIROJAKTOOTA WALITTI DHUFAN

Bakkee kanattis fooyya'iinsa hedduutu taasisfamuu eegalee jira, kan itti aanu danbalatee:

- Kutaa karaa S Colombian bara 2018 keessa dhagaa busuu.
- Karaa S Colombian jiddu qaxaamura kanaa fi Beacon Ave S, bakka pirojaktiin dhagaa busuu itti raawwatamaa jirutti walqunansiisa bishikilitii foyyeessuun taasisu kan dandeenyu yoo ta'ee ilaaluu.
- Randa Beacon fi ollaa Mt Baker jidduutti walqunamsiisa maatiif mijatu (daandii magariisa ollaa) umuun kan danda'amu yoo ta'e, pirojaktii kanarratti odeeffannoo dabalataatiif imeelii nuuf erga (imeelii gaditiin)!

ODEEFFANNOO FI TESSOO PIROJAKTII

www.seattle.gov/transportation/NSF15andColumbian.htm
NSF15andColumbian@seattle.gov | (206) 733-9361
NSF Outreach Lead: Natalie Graves



Seattle
Department of
Transportation



FILANNOO DIZAAYINA DURAA



ISIIN IRRAA DHAGAHU BARBAANNA!

Akka beeknuuf imeelii nuuf taasisaa:

- Qaxaamuracha irratti muxannoon keessan maal fakkaata?
- Bakka ummataa harawaa dizaayiniin hojatamaa jiruuf:
 - Bakka haricha akkamiin itti fayyadamu barbaadu?
 - Asitti caasaalee attamii aragu jaalatu? Bakkee taa'umsaa? Bakke itti xabatamu? Eddoo artii ykn kan daraaraawwan?



Fakkeenya baka ummataa Jiddu magaalaa Bell St irraa

KAROORA

2016	2017	2018	2019
Iyyannoolee NSF fi filannoo pirojektii			
	Karoora pirojektii		
		Ijaarsa pirojektii	
			Iyyannoolee NSF fi filannoo pirojektii (marsaa haarawa)

DEEGARSA MAALLAQAA

Imaltoota hundaaf nagummaa fooyyeessuuf, daandiifi riqichawwan eeguuf, fi haala amanamaa ta'een hojiirra olchuuf, magaalaa guddinarratti argamtuuf filannoowwan imala danda'amu argamsiisuuf fandiin/deegarsi maallaqaa mirkaa'ina-filattoota 2015, Siyaatil sochoosuuf kanfaltii waggaa sagal irraa dhufa. Waggoota sagal keessatti sagantaa Fandii Daandii Ollaa itti fufuuf kanfaltii dolaara miliyoona 24 dabalata.

Pirojaktiin kunis Sagantaa Daandii nagaa Mana Barnootaa SDOT, kan barbattootaaf adeemsa miilaa fi bishikilitiif salphaa fi nagaa taasisu irraayis fandii ni argata.

KEESSTTA HIMAACHUUN TURAA!

Adeemsa pirojaktiichaa gutuutti odeeffannoo akka argatan taasisuuf hojanna. Nu quunnamuuf omaa hin sodaatiinaatii odeffannoo dabalataatiif hordofii.

Galmaa'aatii imeeliidhaan waan harawaa argadhaa:
NSF15andColumbian@seattle.gov

ODEEFFANNOO FI TESSOO PIROJAKTII

www.seattle.gov/transportation/NSF15andColumbian.htm
 NSF15andColumbian@seattle.gov | (206) 733-9361
 NSF OutreachLead: Natalie Graves



Seattle
 Department of
 Transportation

The Levy to
MOVE SEATTLE